



WARAQAA MIRKANNOO

# LIXA SIYAATIL IRRA DEEBIIN QUUNNAMSIISUU

Mudde bara 2020

## Riqichi gara gubbaa Lixa Siyaatil bara 2022 deebi'ee banama

Ji'a Bitootteessaa bara 2020 keessa, fedhii nageenyaa uummataa gid dugaleessa taasifachuun, Qajeelchi Geejjibaa Siyaatil (the Seattle Department of Transportation (SDOT)) Riqicha Lixa Siyaatil konkolaatota ulfaatina guddaa gosa tiraafikii hundaaf cufaa taasisee jira. Ji'a Onkoloolessaa bara 2020 keessa, SDOT fi hawaasa waliin hojjechuunis, Kantiibaan Jenny Durkan, murtii riqicha kana **suphuu** fudhate. Riqichi kunis **bara 2022tti deebi'ee akka banamu** eegama.



Lixa Siyaatil deebifnee quunnamsiisuuf fi sochii tiraafikaa ollootaa kan cufiinsa kanaan dhiibbaa ol'aanaan irra gahe furuuf hojjechaa jirra.

### SOCHIIN IMALA KEESSAN NAMA HUNDA IRRATTI DHIIBBAA NI GEESSISA

Riqichi kun cufaa ta'ee wayita turutti, namni hundinuu dhiibbaa imalaa isaanii hir'isuuf gahee isaanii bahachuu qabu. Yoo danda'ames, iddoo gahiinsa keessan gahuudhaaf fimaata adda birootti fayyadamaa:

- Miilaan wak godhaa, abbaa gommaa, motora fayyadamaa ykn dursaati bahaa.
- Awtoobisii qabadhaa ykn bidiruu bishaan irraatti fayyadamaa
- Carpool ykn raayid gatii isaa imaltoota waliin qooddatan
- Turanii kanuma naannicha jirutti fayyadamuu

Filannoowwan kunneen muddamsa tiraafikaa ni hir'isa akkasumas fayyaa uummata naannoo hawaasa dhiibbaan irra gahe sana jiraatan eeguufis ni gargaara. Wayita konkolaachiftanitti, daangaa saffisaa daandiiwwan jijjiirraa irratti maxxanfamanii jiran kabajuun ollootni keessan nagaa akka ta'an nu gargaaraa. Waa'ee cufiinsichaa yaadaa fi faayidaa yoo barbaaddan, marsariitii keenyatti fayyadamaa.



Muddama tiraafikaa hir'isuuf miilaan wak godhaa, abbaa gommaa, motora fayyadamaa ykn dursaati bahaa.



ODEEFFANNOO PIROOJEKTII FI KAN ITTIIN QUUNNAMAN

WestSeattleBridge@seattle.gov | (206) 400-7511

www.seattle.gov/ReconnectWestSeattle



Seattle Department of Transportation

## ADABBIIN RIQICHA GARA GADII AMAJJII BARA 2021 IRRAA EEGALA

Riqichi gara gadii kun yeroo ammaa kana konklaattota dhuunfaatii gargala sa'aatii (9 PM–5 AM) irratti qofa banaa ta'a. Yeroo biraa hundatti, konkolaattota balaa hatattamaa, fe'umsa ulfaatina ol'aanaa, Awtoobisii fi itti fayyadamtoota hayyamni kennameef qofaaf banaa ta'a.



**Amajjii bara 2021 Irraa eegalee, konkolaattotni dhuunfaa riqicha sanarra Subii sa'aatii 5 AM fi halkan 9 PM irrattu konkolaachisani argaman tokkoon tokkoo imala isaaniitiif \$75 adabamu.**

Maaloo, akkaata kanaan karoofadhaa. Dabalataan baruuf: [www.seattle.gov/transportation/LowBridge](http://www.seattle.gov/transportation/LowBridge)



*Riqicha gara gadii gara Bahaatti naanna'ee jira.*

## FOOYESSOOTA DHIMMOOTA OLLAA BARA 2021

### FOOYESSOOTA W MARGINAL WAY SW

W Marginal Way SW nageenyi isaa kan eeegame fi nama hudaatiifuu salphaatti kan bira gahuun danda'amu taasisuuf dirreetti bahuu fi bobba'uu jalqabee jirra.

### KAROORA NAANNOO MANAA

Naannoo manaatiif, tokkoon tokkoo ollootaaf karoora qopheessuuf Joorjitaawan, Sawiz Paarki fi Haaylaandi Paarki, olloota naannicha jijjiiramuu daandiitiin dhiibbaan isaan irra gahe waliin hojjecha jirra.

Naannoon manaa kunis ollaan hundi muddama tirkaafikaa hir'isuuf filannoo fooyya'insaa jiruuf dursa kennuu fi sochii imaltoota lafoo akkasumas jireenya olloota kanneenii fooyyessuu ni haguuga.

Odeeffannoo dabalataaf fi duub-deebii kennuuf, marsariitii keenya: [www.seattle.gov/ReconnectWestSeattle](http://www.seattle.gov/ReconnectWestSeattle) daawwadhaa.



*Quunnamsiiftuu SW Spokane St and W Marginal Way SW.*



*Yeroo cufiinsa riqicha gara gubbaa Lixa Siyaatilitti, odeeffannoo isin biraan gahuuf murannodhaan hojjechaa jirra.*

### KANAAN NU QUUNNAMAA

Turtii supha riqicha kanaatti, waa'ee adeemsa raawwii fi hojiiwwan bu'uuraa kanneen irratti odeeffannoo isin biraan gahuuf murannodhaan hojjechaa jirra.

Sochii fi nageenya fooyyessuuf jecha duub-deebiiin keessan yeroo hundaa nu barbaaachisa.

- Tuuta ykn dhaabbata keessan waliin **waamaan wal quunnamuuf nu affeeraa.**
- Yaada keessan nuuf qooduuf **Email'tiin nuuf barreessaa ykn nuuf bilbilaa:**  
[WestSeattleBridge@seattle.gov](mailto:WestSeattleBridge@seattle.gov) or (206) 400-7511
- **Visit our website** to sign up for the weekly email updates: [www.seattle.gov/ReconnectWestSeattle](http://www.seattle.gov/ReconnectWestSeattle)



### ODEEFFANNOO PIROOJEKTII FI KAN ITTIIN QUUNNAMAN

[WestSeattleBridge@seattle.gov](mailto:WestSeattleBridge@seattle.gov) | (206) 400-7511  
[www.seattle.gov/ReconnectWestSeattle](http://www.seattle.gov/ReconnectWestSeattle)



Seattle  
Department of  
Transportation